# Sarara METRO H

## *Kallattii Como Avenue fi Maryland Avenue irraan tajaajilli geejjibaa saffisaan dhufaa jira*

Daandiin METRO H daandii geejjibaa saffisaa atoobisii (BRT) karoorfamaa yoo ta’u, Como Avenue fi Maryland Avenue irratti tajaajila geejjibaa saffisaa fi amanamaa ta’e kan kennudha. Atoobisiiwwaanii fi buufatawwan BRT itti fayyadamuudhaaf mijatoo fi salphaadha.

Sararri H daandii Washington Avenue walakkeessa magaalaa Minneapolis keessa imala. Sararri kun mooraawwan West Bank fi East Bank Yuunivarsitii Minnesota tajaajiluuf jedha. Como Avenue fayyadamuudhaan, Sararri H kun gara St. Paul keessatti itti fufa. Gara daandii White Bear Avenue'tti osoo hin garagalin dura gara bahaatti itti fufee daandii Maryland Avenue tajaajila. Sararri H Sun Ray Transit Center'tti xumurama jedhamee eegama.

Karoorri Sarara H yeroo itti fufutti, Metro Transit karoora tajaajila naannoo kooriidaricha irratti kennuu ilaalcha keessa galcha.

Odeeffannoo dabalataatiif marsariitii kana daawwadhaa: metrotransit.org/h-line-project

### *Kaartaa isaa isa bal'aa as irraa ilaalaa metrotransit.org/h-line-project*

METRO
H Line




### *Sagantaa Pirojektii Duraa* *(jijjjiiramuu ni danda’a)*

- 2025-2026 **KAROORSUU**
- 2026-2027 **BOCUU**
- 2028-2029 **IJAARUU**

PIROJEKTICHAAF NAMA QUUNNAMAMU:
Alyssia Bell
HLine@metrotransit.org

Metro Transit
metrotransit.org/h-line-project

11-13-886300-25

# ***Geejjiba Saffisaa Atoobisii:*** *Imala saffisaa, caalaatti amansiisaa fi daran mijataa*

Metro Transit guutummaa naannoo Twin Cities keessatti walitti-hidhamiinsa sarara geejjibaa saffisaa atoobisii hojjechaa jira. Karaan baasii xiqqaadhaan tajaajila saffisiisu dhiyeessuu kun muuxannoo maamiltootaa haalaan kan fooyyessuu fi namoonni hedduun yeroo hunda geejjiba kana akka fayyadaman hawwachuu isaa mirkaneessee jira.







## *Buufataalee sadarkaa ollaa mijaa'ina qaban*

Buufataaleen, akkuma baabura salphaa, muuxannoo nageenya qabuu fi mijataa ta'eef wantoota ta'an qabu.

- Odeeffannoo NexTrip, dhufaatii fi ka'umsaa yeroo qabatamaa
- Ho'a, ibsaa nageenyaa, fi quunnamtii fedhii irratti hundaa'e
- Gulantaa lafatti dhiyoorraan koruu – gulataa dheeraa osoo hin ba'in atoobisii koruu
- Bakkeewwan biskileetii dhaabbatanii fi bakkeewwan kosii itti kuusan

## *Bakkee dhaabbannaa muraasa, tajaajila ammaa ammaa*

BRT'n guyyaa harka caalu daqiiqaa kudhan kudhaniin, buufata konkolaataa harka sadaffaa maayila tokkootii hanga walakkaa maayilaa irratti qabuun hojjeta.

Tokkoon tokkoon sarara geejjibaa irratti karoorri akkuma itti fufaa deemeen, Metro Transit gabaa fi fedhii tajaajila atoobisii naannocha keessaa dabalataa naannoowwan kallattii kanarra jiranii ni gamaaggama.

## *Kaffaltii gatii geejjibaa konkolaataa koruun dura raawwatamu kan saffisaan dhaabbachuuf gargaaru*

Balbala hundaan saffisaan yaabbachuuf, atoobisoonni BRT saanduqa kaffaltii geejjibaa hin qaban. Maamiltoonni akkuma baabura salphaa buufata sanatti tikeettii bitatu ykn Go-To Card tuqu. To'annoon kaffaltii konkolaataa Metro Transit Police fi bakka buutota Transit Rider Investment Program (TRIP) tiin kan gaggeeffamu ta'a.

## *Bu'uraalee misoomaa haaraa saffisa guddisuuf oolan*

Buufataalee fooyya'anii fi addaan fageenya buufataa bal'aa ta'een alattis, Metro Transit fi michoonni isaa daandiiwwan BRT kanniin daran saffisoo taasisuuf filannoowwan jiran qorachaa jiru. Filannoowwan jiran isaan kana:

- Deemsa itti fufuuf mallattoo ibsaaf dursa kennuu; atoobisoonni bakkee karaan walqaxxaamuru tokko tokkotti ibsaan magariisaa akka dursee boba'uuf ykn turtiin ibsaa magariisaa akka isaanii dheeratuuf "gaafachuu" danda'u.
- Atoobisootatti karaan akka hincufamneef daandiiwwan atoobisoota qofaaf ta'an kutaalee daandichaa irra jiraachuu

metrotransit.org/metro-network